

Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 8^{ffaa}

Qopheessitoonni:

Araarsaa Kabbadaa Bayyanaa (MA)
Caalaa Tarrafaa Mul'ataa (MA)
Dhugaasaa Hirphaa Nagaasaa (MA)

Gulaaltonnii

Hayiluu Lammeessaa Wadoo (MA)
Tashoomaa Qanaasaa Tolosaa (MA)

Madaaltuun:

Yewubdaar Ayyaaleew (MA)

Qindeessaa: Roobii Waamii (MA)

Giraafiksii: Kolleejjii Pooliteeknikaa Inxooxoo

BOQONNAA AFUR AS OOSAMA GABAABAA

Kaayyoowwan: Xumura boqonnaa kanaatti:

- Afee (dubbisa) dhaggeeffachuun seenaa walfakkaatu himta.
- Yaadrimee asoosama gabaabaa ibsita.
- Barreeffama qopheessuuf jechoota ce'umsaatti fayyadamta.
- Caacculee asoosama gabaabaa ibsita.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Gaaffilee armaan gadii muuxannoo kee irratti hundaa'uun deebisi.

1. Sheekkoo (durdurii) dhageessee beektaa?
2. Yoo dhageesse ta'e, waa'ee maalii dhageessee beekta?

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Yaadni armaan gadii dubbisa barsiisaan/-tuun keessan si'a lama isiniif dubbisan irratti hundaa'a. Kanaafuu, himoota isiniif dhiyaatan dhaggeeffachuudhaan yaada hima sirrii ta'ee "Dhugaa" kan sirrii hintaane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Hantuutniifi raachi dabaree dabareedhaan mana walii daawwachuudhaaf waliigalan.
2. Jalqaba irratti raachi hantuuta mana isaa daawwachiisuudhaaf waame.
3. Raachi bishaan daakuu yemmuu eegalu, hantuutni gara mana isheetti qajeelte.

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa’uun deebisi.

1. Durdurii dhaggeeffatte keessatti hirmaattonni eenyu fa’i?
2. “Ati Hantuuta moo Qurxummiidha?” kan jedhe eenyu?
3. Hantuuta moo Raachatu balleessaa qaba? Maaliif?
4. Ergaan dubbisa dhaggeeffattee maali?
5. Durdurii naannoo keetti himamu barreessuun daree keef dhiyeessi.

Barannoo Lama: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

Asoosama armaan gadii dubbisuutti osoo hince’iin dura gaaffilee armaan gaditti siif kennaman hojjedhu.

1. Asoosama dubbistee beektaa? Yoo dubbiste ta’e waa’ee maaliiti?
2. Asoosamni ati dubbiste si gammachiise moo si gaddisiise?

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta’e kenni.

1. Mata dureen asoosamichaa maali?
2. Gochichi waqtii kam raawwate?
3. Sababa waqtiin kun filatameef maali?

Dhungoo

Yemmuu birraan bari’u ijoolleen Laga Moojoo dhungoodhaaf qophaa’u. Ganna dhungoon hinjiru. Sababa ba’aniif waan hinqabneef shamarran hinargaman. Birraan bariinaan garuu migira guuruuf hurufa keessa deemu. Harrittaa gurra jala suuqqatanii, shittoo shilingii dibatanii, ashooshillaa qeensatti hidhatanii bulchanii diimeffatanii, wadaajii isaanii yaadaa gara Laga Mojee qajeelu. Akkas jedhaniis nisirbu.

Yaa bishaan Laga Mojee

Yaa bishaan laga aannanii,

Waa biraan nama sobee

Waa biraa hinamanini.

Yeroo baay’ee yemmuu waldhungatan nan arga. Dhungadhee hinbeeku. Dhungachuus hinfedhu. Osoon fedhes icciitii isaa itti hinbeeku. Afaan keessa waldhungatanii, boqoo waldhungatanii, gurra waldhungatanii waanan beeku hinqabu. Uffata waan ofitti golganiif argee muuxannoo hinfudhanne kaa!

Gaaf tokko Dumbusheen waa natti himtee akkan yaalu yaaddoo natti hammeessite.

“Dorrosheen takka wadaajii dhungadhu malee jettii maal wayyaa?” naan jette.

“Yaa dhungattuu maal qabaree,” jedheen deebiseef.

“Eenyu dhungachuu barbaaddi beektaa?”

“Nama jaalatte kaa”

“Namni isheen jaalatte sun yoo si ta’e hoo?”

“Balaan faca’e; lakkii ani dhungachuu hinbeekuu!”

“Maaliif wallaalta?”

“Dhungadhee hinbeeku kaa!”

“Hinbartaa maarree”

“Lakki natti yaahafu waanan hinbeeknetti hinseenu yaa Dumbee.”

“Salphaadhaa bar qabdee teessistaa; foomaa itti uffitee foroccee dhungatta. Kanuma

bar! Erga si dhungachuu barbaaddee ishiinuu siqarqaarti” jettee na jajjabeessite.

“Eessan dhungadha?”

“Hidhiidha kaa moo gurra dhungachuu barbaadde?” jettee natti kolfite.

Yemmuu ishiin natti kolfitun rifadhee callise.

“Yemmuu dhungattu hidhii gadi aanu dhungatta. Ishiin immoo hidhii olaantu

si dhungatti.”

“Hidhii takka akkam godhanii takka dhungatuu?”

“Takka sakaali kaa! Yookiin funyaan ishiitti ol hidhi,” jettee akka handaaqqoo

kakkistee kolfite. Kolfi ishii kun na aarse.

“Maal kolfitaa hinbeekuu siin jedhe mitii?”

“Koottuu naqabi sittan agarsiisaa,” naan jette.

“Maaliifan siqaba natti agarsiisi akkanumatti”

“Aadaa miti kaa dhiiratu qabee huccuu itti uffisee morma ishii ofitti qaba.”

“Lakki natti yaa hafu.”

“Maal na sodaatte moo Dorroshee sodaattee?”

“Sodaadhee osoo hinta’in hinbarbaadu.”

“Koottu nabira taa’i anuu sittan agarsiisa.”

“Iyyoo!”

“Ani dhufuu hindanda’u seete moo?” jettee dhuftee na cinaa teesse.

Keessa kootti waanan kanaan dura hinbeekne faca’e; nafa koo keessa kan akka ribuu tokko waan yaa’u natti fakkaate. Ta’us hindubbanne.

“Hoodhu shaashi kiyya kana natti uffisi,” naan jette.

Ittan uffise. Yemmuu ishiin harkaan morma koo ofitti qabdu jabbilee waaqaan

argaa jira natti fakkaate. Akka waan bakakkaan narratti bu’een walitti butamee

hafe. Yemmuun of baru dafee ka’een biraa baqadhe. Sana booda waadaajii dhungachuun salphaa akka hintaanen hubadhe.

Hidhii olaanuu moo kan gadi aanu nadhungattee? Maalumatu na cinquee dhiisuu osoon danda’uu?

Dumbusheen Dorroshee taatee qortee na qo’achiiste.

(Dastaa Dassaalany, 2011:64-67)

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffileen armaan gadii dubbisa dhiyaate irratti hundaa’u. Akka yaada dubbisichaatti deebii sirrii ta’e kenni.

1. Asoosamicha keessatti kanneen qooda fudhatan eenyu fa’i?
2. Gochichi eessatti raawwatame?
3. Ta’iinsi asoosamichaa yeroo akkamii raawwatame?
4. Asoosamichi waa’ee maalii ibsa?
5. Waliin dubbiin eenyuufi eenyu gidduutti gaggeeffame?

B. Jechoonni armaan gadii dubbisa keessaa bahan. Dubbisicha irratti hundaa’uun hiika jechoota armaan gadii kenni.

1. wadaajii. _____
2. muuxannoo _____
3. golgan _____
4. ribuu _____
5. hammeessite _____
6. icciitii _____

C. Jechamoota armaan gadiif hiika kenni.

Fkn. Harka wayyaa jalaatiin. dhoksaan
Gurra nyaate. maqaa balleesse.

1. Walitti butame _____
2. Dhadhaa abidda bu’e. _____
3. Odaa jala jira. _____
4. Guduruudha. _____
5. Gurra buuse. _____
6. Gorora liqimse. _____
7. Fixeensa ganamaati. _____
8. Cirracha lakkaa’e. _____
9. Ulee gate. _____
10. Mooyyee hammate. _____
11. Bishaan ta’e. _____

Yaadannoo

Asoosama Gabaabaa

Asoosamni gosoota ogbarruu keessaa tokko ta'ee, dhugaa hawaasa keessatti mul'ate, mul'achaa jiruufi mul'achuu danda'u bu'uuraa godhatee kalaqa sammuu wajjin kan dhiyaatudha. Asoosamni ija hayyoota ogbarruutiin hiika garaagaraa qaba.

Fakkeenyaaf

A.Asoosamni daawwitii jireenya dhala namaati.

B.Asoosamni cita jiruufi jireenyaati.

C.Asoosamni galaana daakamee hinguufamne.

Asoosamni akaakuuwwan gurguddoo lama qaba. Isaanis: asoosama gabaabaafi asoosama dheeraa jedhamu.

Asoosamni caacculee kanneen akka: jaargocha, namfakkii, waldiddaa, yoomessa, kallattii seeneffamaa(ija), ergaafi kanneen kana fakkaatan qaba. Asoosama gab aabaa asoosama dheeraa irraa kan adda taasisu immoo caacculee muraasa qabaa chuu, jechoota baay'ee filatamoo ta'aniin barreeffamuu, yaada dabarsuu barbaade sana ariitiin dabarsuu, seenaa gooddattootaa muraasa dhiyeessuufi kanneen kana fakkaatan fa'i.

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala Barreessuu

A. Himoota armaan gaditti siif kennaman duraa duuba isaanii eeguun keeyyata tokko barreessi. Himoota kanneen keessatti haala jechoota ce'umsaatti dhimma bahame hubadhu.

Salphina Ariifannaan Nama Irraan Gahu

1. Ariifannaan waan badaa ta'e nama irraan geessisa.
2. Kanan fiigaa oole mana kitaabaa banuufi.

3. Dhumarratti, manni kitaabaa osoo hinbanamiin hafe.
4. Jimaata ganama ture.
5. Furtuu mana kitaabaa irraanfadheen dhufee jira.
6. Jalqaba yemmuun hirriiba ka'u sa'aatii 2:30dha.
7. Qormaanni waan torbanitti galeefuu barattoonni balbala irra dhaabatan gara hinqaban.
8. Nafa nafa dhiibbadheen balbala bira ga'ee giphii (kiisii) as lixee achi lixee akka mukaana gogee hafe.
9. Sana booda yeroon itti fuula koo dhiqadhe hinbeeku.
10. Itti fufuun yemmuun karaa koo jalqabu namootan dubbiseefi dhiise hin yaadadhu, akkuma ta'u ta'een sa'aatiin 9:00 yoo jedhu naannoo mana kitaabaa ga'e.

B. Mata duree tokko filachuun jechoota ce'umsaatti fayyadamuun keeyyata tokko barreessii hiriyoota keetiif dubbisi.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Shaakala Hiika Jechootaa

A. Jechoonni armaan gadii dubbisa armaan olii keessaa fudhataman.

Haala galumsa isaaniitiin hiika kenni.

1. harrittaa _____
2. foroccee _____
3. boqoo _____
4. sakaali _____
5. migira _____

B. Galmee hiika jechootaa(guuboo jechootaa) fayyadamuun jechoota armaan gadiif hiika kenni.

1. tume _____
2. dhahe _____
3. nyaate _____

4. kute _____
5. daake _____
6. fuudhe _____
7. qaccee _____
8. sirriiquu _____

C. Jechoota gabatee armaan gadii keessatti kennaman kanneen waliin deeman mallattoo (✓) kanneen waliin hindeemne immoo mallattoo (X) kaa'uun agarsiisi. Jechoota waliin deeman fuuldura isaatti barreessi.

T.L	Jechoota	Jechoota	Mallattoo	Jechoota Waliin Deeman
1	qarree	gamaa	✓	qarree gamaa
		adii	X	
		lagaa		
		waame		
		huccuu		
2	manaaba	jireenyaa		
		yabbuu		
		gaarii		
		bilcheessite		
		qaba		
3	irbuu	dagachuu		
		hodhe		
		nyaate		
		deemte		
		seenuu		
4	gumaata	fudhatte		
		rukute		
		kenne		
		dubbisan		
		biyyaa		
		boqotan		
5	ximboo	rukutte		
		facaase		
		dhahe		
		liqimsan		

D. Mammaaksota armaan gadii guutuu taasisi.

1. Hidda malee, xannachi_____.
2. Waliigalan, _____.
3. _____ akkam bultee beeka, akka itti bule abbaatu beeka.
4. Mataa jirutti sabbata_____.
5. Aannan itite,_____.
6. Olkaa'an malee, _____.
7. Cululleen waan argite_____.
8. Silmiin bakka laafu_____.
9. Iyyeessiifi gabaan_____.
10. Namni ija tokkoo_____.
11. Ijji gamnaa_____.
12. Badiin biyya waliin_____.
13. Gowwaa kolfisiisanii_____.
14. "Abbaatu of mara" jedhe_____.
15. Lafa ilaalanii_____.

Barannoo Shan: Seerluga

Gilgaala 9: Shaakala Seerlugaa

Yaadannoo

Gaalee

Gaaleen jecha yookiin walhammannaa jechootaati. Gaaleen tokko mataa, miiltoofi murteessituu qabaachuu danda'a. Mataan gaalee keessaa hafuu hindanda'u. Miiltoofi murteessituun garuu, hafuu nidanda'u. Gosoonni gaalee Afaan Oromoo gaalee maqaa, gaalee ibsa maqaa, gaalee gochimaafi gaalee durduubee ta'u.

Gaalee Maqaa

Fkn. sangaa guddaa

nama cimaa

mana sana

Laga Gibee

siree sibiilaa sana

sa'aa

aannanii

farsoo garbuu

buna Jimmaa ...

Gaalee Ibsa Maqaa

Fkn. diimaa dheeraa
qal’oo bareedduu

cabaa bututaa
fayyaaf gaarii

Gaalee Gochimaa

Fkn. huccuu miiccite.

foon nyaate.

haadha gargaarte.

fira barefi kanneen kana fakkaatan.

Gaalee Firoomsee

Fkn. gara biyyaa

muka jala

gamoorra

dareetti

gara hojiitti...

A. Gosoota gaaleewwan roga “A” jalatti kennamaniif fakkeenya isaanii roga “B” jala jiraniin walitti firoomsi.

A

1. Gaalee maqaa
2. Gaalee ibsa maqaa
3. Gaalee gochimaa
4. Gaalee durduubee

B

- A. fayyaaf gaarii
- B. gara barnootaa
- C. waa’ee
- D. mana kitaabaa deeme.
- E. laga guddaa
- F. isaan

B. Gaaleewwan armaan gadiitti fayyadamuun hima ijaari.

Sangaa foonii

barumsaan cimtuudha

rooba keessa

hoolaa gurraacha

magaala qal’oo

seenaa qorate

miila jala

gurraacha dheeraa

gara manaatti

Fkn. Gaaddiseen barumsaan cimtuudha.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____
6. _____
7. _____
8. _____

C. Kanneen armaan gadii keessaa deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Miseensota gaalee kan hintaane kami?

A. Mataa	C. murteessituu
B. miiltoo	D. utubaa
2. Kanneen armaan gadii keessaa gaalee maqaa kan hintaane kami?

A. diimaa biluu	C. foon sangaa
B. damma eebichaa	D. uffata adii
3. Gaalee ibsa maqaa ilaalchisee kan dhugaa ta'e kami?
 - A. Maqaafi maqaa irraa ijaarama.
 - B. Maqaafi ibsa maqaa irraa ijaarama.
 - C. Gaalee ibsa maqaa keessatti mataan ibsa maqaadha.
 - D. Hunduu deebiidha.
4. Kanneen armaan gadii keessaa gaalee durduubee kan ta'e kami?

A. guddaa duufaa	C. gara keessaa
B. mana dhagaa	D. dallaa loonii
5. Gaalee maqaa ilaalchisee kan sirrii hintaane kami?
 - A. Mataan gaalee maqaa, ibsa maqaa ta'uu danda'a.
 - B. Gaaleen maqaa, maqaafi maqaa irraa ijaaramuu danda'a.
 - C. Gaalee maqaa keessatti murteessitoonni miseensa ta'uu danda'u.
 - D. Afi C

BOQONNAA SHAN HEDDUMMINA UUMMATAA

Kaayyoowwan: Xumura boqonnaa kanaatti:

- Afee (dubbisa) sirriitti dhaggeeffattee madaalta.
- Yaadrimee heddummina uummataa ibsita.
- Barruu seenessaa barreessita.
- Agarsiiftuu heddumminni uummataa dinagdee irratti qabu xiinxalta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Gaaffilee armaan gadii muuxannoo kee irratti hundaa’uun deebisi.

1. Saffisaan dabaluu uummataa jechuun maali?
2. Saffisaan dabalaa deemuun uummataa miidhaa qaba jettee yaaddaa? Maaliif?

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Dubbisa barsiisaan/-tuun kee siif dubbisan dhaggeeffachaa himoota armaan gadii kan sirrii ta’an “Dhugaa” kan sirrii hintaane immoo “Soba” jechuun deebisi.

1. Rakkoo guddaan yeroo ammaa addunyaa sodaachisaa jiru saffisaan xiqqaachuu uummataati.
2. Karoora maatii fayyadamuun saffisaan dabaluu uummataatiif gahee qaba.
3. Daballiin baay’ina uummataa rakkoo midhaan nyaataa fida.

4. Lakkoofsi uummataa dabaluu rakkoolee adda addaa qaba.

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa’uun deebisi.

1. Tooftaaleen saffisaan dabaluu uummataa hir’isuuf gargaaran maal fa’i?
2. Daballiin lakkoofsa uummataa rakkoolee akkamii qaqqabsiisa?
3. Ergaan dubbisa dhaggeeffattee maali?

Barannoo Lama: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffilee armaan gadii muuxannoo kee irratti hundaa’uun deebisi.

1. Heddummina uummataa jechuun maal jechuudha?
2. Lakkoofsi uummataa saffisaan kan dabalu yoo maal ta’edha?

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Dubbisa itti aanu ariitiin dubbisuun jechoota bakka duwwaa himoota armaan gadii irratti galuu qaban galchi.

1. Bakka uummanni hinjirre _____, _____
qaroominniifi hawaasummaan hinjiru.
2. Biyyi hammi dhalatu _____ ta’ee, hammi du’u _____ ta’e
keessatti lakkoofsi daa’imman waggaa 15 gadii nibaay’atu.
3. Rakkoolee saffisaan heddummachuu uummataa kanaan walqabatan
hiikuun _____ fi _____ hawaasa biyya keenyaa akka
_____ gochuun murteessaadha.

Heddummina Uummataa

Uummanni qabeenya biyya tokkooti. Dinagdee biyya tokkoo saffisaan guddisuuf waan hundaa kan sochoosu uummata. Bakka uummanni hinjirre misoomni, guddinni, qaroomminniifi hawaasummaan hinjiru. Biyyis uummata malee hinjiraattu; hinbeekamtus.

Haaluma kanaan, Itoophiyaa keessatti saffisni daballii lakkoofsa uummataa waggoota dhibba dura baay'ee gadaanaa ture. Haala jireenyaafi eegumsa fayyaa fooyya'aa deemuu wajjin saffisni daballii lakkoofsa uummata Itoophiyaa dabalaa

dhufuun sadarkaa ol'aanaa irra gahuu danda'eera.

Lakkoofsi uummataa saffisa guddaan dabaluu kan danda'u hanga du'uu gadi xiqqaatee, hanga dhalatee guddatu yoo baay'ataa dhufedha. Baroota durii wayita eegumsi fayyaa hinbabal'atiniifi haalli jireenyaa hinfooyya'iin hammi daa'imman dhalataniifi namoota du'anii ol'aanaa ture. Hammi dhalatuufi du'u walqixa ol'aanaa ta'uun lakkoofsi irraa hafee uummata jirutti dabalamu zeeroo ta'uu isaa agarsiisa. Kunis, lakkoofsi uummataa bakkuma jirutti akka dhaabatu taasisa. Booda irra wayita tajaajilli eegumsa fayyaa babal'achaa dhufu hawaasni nama dhukkubsate yaalchisuun hamma du'aa gadi xiqqeessaa dhufe. Hammi dhalatu garuu akkuma jiruun ol'aanaa ta'ee itti fufuu eegale.

Hammi du'uu to'atamee hammi dhalatu osoo hinto'atamiin akkuma jiruun ol'aanaa ta'ee itti fufuun lakkoofsi namoota haaraa hawaasa jirutti yeroo yeroon dabaluu ol'aanaa ta'uu agarsiisa. Biyyi hammi dhalatu guddaa ta'ee hammi du'u xiqqaa ta'e keessatti lakkoofsi daa'imman waggaa 15 gadii nibaay'atu. Haalli kun waggoota 50 darbaniif Itoophiyaa keessatti kan mul'ataa dhufedha.

Lakkoofsi uummataa saffisa guddaan dabalaa deemuun lafti irra jiraannus nama hunda walgahuu dhiisa. Namni hamma uummata jirutti dabalamaa deemu baadiyyaa keessatti fedhiin lafa mana jireenyaa itti ijaarrataniifi lafa qonnaaf itti fayyadaman argachuu guddachaa dhufa. Magaalota keessatti gaaffiin

bakka jireenyaa argachuuf dhiyaatu sadarkaa ol'aanaa keessummeessuu hindanda'amnetti olka'a. Fedhiin lafa argachuu haala kanaan babal'ataa deemu kun naannoowwan duraan namni irra hinjiraanne hundatti faca'anii jireenya isaanii akka hundeessan taasisa.

Walumaagalatti, rakkoolee kanneen qabatanii deemuun haalli jireenya uummataa yeroo yeroon akka gadi bu'aa deemuufi qabeenyi uumamaa akka manca'u taasisa. Rakkoolee saffisaan heddummachuu uummataa kanaan walqabatan hiikuun jiruufi jireenyi hawaasa biyya keenyaa akka fooyya'u gochuun murteessaadha.

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Lakkoofsi uummataa saffisa guddaan dabaluu kan danda'u yoo maal ta'edha?

A. Hangi du'uu gadi xiqqaatee, hangi dhalatee guddatu yoo baay'ataa dhufedha.

B. Hangi dhalatee guddatu xiqqaatee, hangi du'uu yoo baay'ataa dhufedha.

C. Hangi dhalatee guddatuufi du'uu yoo walqixa ta'aa dhufedha.

D. Hunduu deebiidha.

2. Hammi dhalatuufi du'u walqixa ol'aanaa ta'uun lakkoofsi irraa hafee uummata jirutti dabalamu zeeroo ta'uu isaa agarsiisa.

A. Dhugaa

B. Soba

3. Rakkooleen saffisaan dabaluu uummataan dhufan kan hinibsine kami?

A. Hanqina midhaan nyaataa

C. Dinagdeen of danda'uu

B. Rakkoo fayyaa

D. Hunduu deebiidha.

4. Saffisaan dabaluu uummataa hir'isuuf maaltu raawwatamuu qaba?

A. Karoora maatii fayyadamuu.

B. Dubartoonni carraa barnootaa bal'inaan akka argatan taasisuu.

C. Umrii heerumaa dheeressuu.

D. Hunduu deebiidha.

5. Akka yaada dubbisichaatti kanneen armaan gadii keessaa kan sirrii ta'e kami?

- A. Dinagdee biyya tokkoo saffisaan guddisuuf waan hundaa kan sochoosu uummata.
- B. Bakka uummanni hinjirre misoomni, guddinni, qaroomminniifi hawaasummaan hinjiru.
- C. Biyyi uummata malee hinjiraattu; hinbeekamtus.
- D. Hunduu deebiidha.

B. Gabatee armaan gadii irratti hundaa'uudhaan gaaffilee itti aananii jiran deebisi.

Gabatee Odeeffannoo Saffisaan Daballii Baay'ina Uummata Itoophiyaa (1900_1998) Agarsiisu

Bara	Lakkoofsa Uummataa (Miliyoonaan)	Saffisa Daballii Uummataa (%)	Waggoota Dachaani Dabaluuf Itti Fudhatu
1900	11.8	0.2	350
1930	14.4	1.2	58
1960	23.5	2.2	32
1976	40.0	3.0	23
1986	53.0	2.8	25
1998	74.0	2.6	27

Madda: CSA 2007

- 1. Lakkoofsi uummataa bara kam olaanaa ture?
- 2. Garaagarummaan saffisaan daballii uummataa dhibbeentaan bara 1900fi 1998 gidduu jiru meeqa?
- 3. Baay'inni uummataa dachaani dabaluuf waggoota xiqqaa kan itti fudhate bara kami?
- 4. Saffisaan daballiin uummataa dhibbeentaan bara kam guddaa ture?

5. Saffisaan daballiin uummataa dhibbeentaan bara 1930fi 1976 gidduu jiruufi bara 1976fi 1998 gidduu jiru walduraa duubaan meeqa?

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala Barreessuu

A. Himoonni armaan gadii walitti dhufeenya sababaafi bu'aatiin ijaaraman. Fakkeenya siif kenname irratti hundaa'uun sababaafi bu'aa addaan baasii agarsiisi.

Fkn. Saffisaan daballiin uummataa dinagdee irratti dhiibbaa qaba.

Sababa: Saffisaan daballii uummtaa

Bu'aa: dinagdee irratti dhiibbaa qabaachuu

1. Isheen waan sirriitti qo'atteen, qormaata darbite.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

2. Humni callaa oomishu dhabamnaan midhaan nyaataan of dadhabuutu dhufa.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

3. Waan bona kaa'an, ganna fuudhu.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

4. Namoonni baay'een seera tiraafikaa waan hineegneef, balaan konkolaataa heddummaachaa dhufe.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

5. Yeroofi karoora malee da'uun, jiruufi jreenya dubartootaa irratti gufuu ta'a.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

B. Himoota sababaafi bu'aa agarsiisan shan barreessuun dareef dubbisi.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

Yaadannoo

Barruu Seenessaa

Barruun seenessaa ta'iinsa xumura tokkotti adeemu kan gabaasuu jechuudha. Karaa biroo seenessuun karaa ittiin yaada tokko namaaf dabarsan ta'ee, seenaa dhugaa ta'e yookiin arga yaadaatiin jalqaba, gidduufi xumura gaariin barreessuu jechuudha. Argaa yaadaan kan barreessu yoo ta'e, uumuudhaan yookiin muuxannoo tartiiba ta'iinsichaa qindeessanii himuu yookiin barreessuudha. Tartiibni kun akka ifaa ta'uuf gaaleewwan yookiin jechoota walqabsistuutti gargaaramuu qabna. Fakkeenyaaf, Jalqaba, itti aansee, sana booda, yeroodhuma sana, sana gidduutti, guyyaa lammaffaatti, guyyaa itti aanuutti, torban sanatti, dhuma irrattiifi kanneen kana fakkaatan.

Walumaagalatti, barruun seenessaa gaaffilee kanneen akka: Yoom ta'e? Eenyutu keessatti hirmaate? Maaliif ta'e? Eessatti ta'e? Ta'iinsa kamiin ta'e? Akkamitti ta'e? Gaaffilee kanneeniifi kanneen kana fakkaataniif deebii kenna.

C. Mata dureewwan armaan gaditti siif kennaman irratti hundaa'uudhaan barruu seenessaa keeyyata sadii qabu barreessii dareef dubbisi. Seera afaanichaafi sirna tuqaalee hindagatin.

- a. Seenaa Jireenya Koo
- b. Mudannoo Koo
- c. Seenaa Hundeeffama Mana Barumsaa Koo

Yaadannoo

Xalayaa

Xalayaan meeshaalee qunnamtii barreeffamaa keessaa tokkoodha. Kunis, dhaamsa, yaada, ajaja, gammachuu, gaddaafi kanneen kana fakkaatan barreeffamaan nama biroof dhiyeessuuf gargaara. Dhimma irratti waliigaltee uumnu irratti hundaa’uun xalayaan gosa garaagaraatti qoodamuu danda’a. Isaanis: xalayaa dhuunfaafi xalayaa hojiiti.

Xalayaan dhuunfaa xalayaa hiriya yookiin firaaf barreeffamudha. Xalayaan hojii immoo xalayaa mana hojii mootummaaf yookiin miti mootummaaf dhimma hojiitif barreeffamudha. Kaayyoon xalayaa hojii iyyannoo dhiyeeffachuu, qajeelfamaafi ajaja dabarsuufidha. Xalayaan qaamolee sadii of keessaa qaba. Isaanis: seensa, qaamaafi goolaba.

Fakkeenya Xalayaa Dhuunfaa

Hagayya 20, 2021

Deebisaa Tufaa irraa

L.S.P _____

Finfinnee

Seenaa Elemootiif

L.S.P _____

Ciroo

Duraan dursee nageenyi kiyya bakka jirtutti si haaga’u. Akkam jirta? Nagaa keetii? Ani yaada kee malee naguman jira. Xalayaan yeroo darbe naaf barreessite nagaheera. Akkuma xalayaa irratti ibsiteen waan barbaachisu hunda karaa mana poostaa siif ergeera. Hamma xalayaa biraatiin walagarrutti nagaan turi.

Obboleessa kee, Deebisaa Tufaa irraa

D. Fakkeenya xalayaa dhuunfaa armaan olii bu'uureffachuun xalayaa dhuunfaa hiriya keetiif barreessi.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa Gilgaala 8: Shaakala Hiika Jechootaa

A. Jechoota armaan gadiitiif hiika kallattii erga kenniteen booda hima ittiin ijaari. Fkn. Mana dahoo

Dhalli namaa bineensa jalaa bahuuf dahoo ijaarrate.

1. haqa _____
2. hiree _____
3. ifaajuu _____
4. faxuulaa _____
5. hirphuu _____
6. qorsa _____
7. laayyoo _____

Barannoo Shan: Seerluga Gilgaala 9: Shaakala Seerlugaa

Yaadannoo

Ceela

Himoonni ceelaa gochimoota ceelaa ta'anitti fayyadamuun kan ijaaramanidha. Gochimni gosa kanaa raawwiin gocha tokkoo waan biroo irratti raawwachuu ibsuuf oola. Raawwiin gochi kun hima tokko keessatti dhiyaate abbaan dhimmaa (matimni) irraawwatama irratti waan tokko raawwachuu ibsuudhaan dhiyaata. Himni xumura kana ofkeessaa qabu yoo xiqqaate matima, antima(irraawwatama) sirriifi gochima ofkeessaa qabaachuu qaba.

Fakkeenya, nyaate, rukute, mure, barreesse, gaafate, bite, dhaane, qabe, gurgure,

dubbiseefi kanneen kana fakkaatan.

Fakkeenya: Isheen buna bitte.

Gadaan sangaa gurgure.

Himoota lamaan armaan olii keessatti gochoonni raawwataman matima irraa

antimatti darbuu akka danda'an agarsiisu. Gochimoonni "bitteefi gurgure" jedhan matima "Isheen" jedhuufi "Gadaan" jedhu irraa gara antima 'bunaafi sangaa' jedhutti ce'uu agarsiisu. Himoonni kunniin jechoota ceelaatiin ijaaraman. Himoonni haala kanaan ijaaramanis himoota jechoota ceelaa qaban jedhamu.

A. Kanneen armaan gadii keessaa himoota jechoota ceelaa qaban baasii barreessi.

1. Gurmuun mana ijaare.
2. Guddinaan Agamsa deeme.
3. Daraartuun kitaaba barreessite.
4. Ganameen barattuudha.
5. Inni haadhaaf huccuu bite.
6. Isaan biqiltuu dhaaban.
7. Isaan Hurufa Boombiitti fiigan.

B. Fakkeenya olitti isiniif kenname irratti hundaa'uun himoota jechoota ceelaa qaban shan barreessuun dareef dhiyeessaa.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

C. Gaaleewwan armaan gadiitti kennaman gargaaramuun himoota ijaari.

Sa'a aannanii	daraaraa diimaa	furdaa gabaabaa
daree keessa	barnootaan cime	walaloo barreessite
waa'ee aadaa	Calcaliitti dhalatte	adii weeccaa

Fkn. Soorettiin sa'a aannanii bitte.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____
6. _____
7. _____
8. _____

D. Gaaleewwan armaan gadii keessaa mataa, miiltoofi murteessitoota addaan baasii barreessi.

1. Mana dhagaa guddaa sana (gaalee maqaa)

Mataa _____

Miiltoo _____

Murteessituu _____

2. Fiigichaan cimtuudha. (gaalee gochimaa)

Mataa _____

Miiltoo _____

Murteessituu _____

3. Gara mana jireenyaatti (gaalee durduubee)

Mataa _____

Miiltoo _____

Murteessituu _____

4. Aannan qabee tokko (gaalee maqaa)

Mataa _____

Miiltoo _____

Murteessituu _____

5. Diimaa dheeraa tokko (gaalee ibsa maqaa)

Mataa _____

Miiltoo _____

Murteessituu _____